JILA HULLUUQOO MILKIIN KABAJAME!

(**Madda Oduu ABO-MOA, Naayiroobi, 19 Onkoloolessa 2009**) Jilli Hulluuqoo waldaa Argaa dhageettii Gadaa 0romootiin qophaaye Dilbata darbe, Onkoloolessa 18, 2009 magaalaa Naayiroobii gaara Indoonyoo irratti sirna ho`aan kabajamee oluun gabaasame.



Maddi Oduu ABO, MOAn Naayiroobii irraa akka gabaasetti, Ayyaanni Hulluuqoo sirna miidhagaan kabajamuun cinattis, guyyaa sabboontonni Oromoo kaayyoo isaanii Oromummaa callaan walqabatanii milkeeffachuuf akeekkatanii turan, deebisanii itti haaromsatan ta'ee jira.

Akkuma duudhaa sirna ayyaana Hulluuqqootti, jilli kun eebba manguddootaan baname. Ittaansuunis, sirni Hulluuqoo kan balaa darbe ittiin jala hulluuqan, kan hamaa dhufe mara jalaa itti hulluqan gaggeeffameera.


Adulaa Dabbasaa Guyyoo

Sirna hulluuqoon boodas, Adulaa Argaa-dhageettii Gadaa Oromoo, Abbaan Liiban Dabbasaa Guyyoo aadaa Oromoo irratti barumsa kennanii jiru. Barumsa kennan kana keessattis aadaan saba keenyaa eenyummaa saba keenya ta`uu yaadachisuun, namuu aadaa keenya gabroomfattoota Habashaan awwaalamee ture deebisee dagaagsuu irratti jabaatee hojjachuu akka qabu dhaamanii jiru.

Gama Argaa dhageettii Gadaa Oromootiinis, aadaa Oromoo guddisuufi dagaagsuuf hojiileen jajaboo hojjatamaa akka jiru kan eeran Abbaan Liiban Dabbasaa Guyyoo, aadaa keenya bakka itti awwaalamee baafnee hundee duraatti deeibsuuf yeroo ammaa kana Biyyoota Dhihaafi Awuroopaa waliin walitti hidhachuun bal`inaan akka hojjachaa jiru ibsaniiru.



Jila Hulluuqoo kana irratti, kana malees, aansuun manguddoonni sadii aadaa Oromoo ilaalchisaanii wal-duraa dubaan erga ibsa bal'aa godhanii booda walaloon "ati eenyuu " jedhu tokko dhiyaatee jira. Jila Hulluuqoo haalaan

miidhagee kabajame kana irrattis sabboontotnni Oromoo hedduumminaan uffata aadaa Oromoon faayamanii kan argaman ta'uu gabaasaan MOA hubachiisee jira.



Keessaayyuu, jileeffattooti kun rooba ganamaa hanga galgalatti otuu walirraa hinkutiin roobaa oole danda'un dambali`anii aadaa qabatanii bakka aadaatti calaqqisanii ooluu isaanii kan gabaase MOAn, jilli kun akka milkaa'u kanneen gumaachan keessaa irra guddaan ilmaan Oromoo dhaloota lafaa yoo ta'an kanneen baqatanii Keenyaa Naayiroobii keessatti argamanis qooda olaanaa bahanii jiru. Ummanni wal-gahee, jileeffannaa isaanii sirba aadaa Oromiyaa guutuu xabachuun ho`isanii oluun cinattii, afeerraa dhiyaanaan booda namuu eebbaan gara mana isaatti akka milkiin deebi`e beekameera.





**MOA**